

Wagгаа 28<sup>th</sup>aa ..... Lak. ....9/2012  
 ፳፰ኛ ዓመት.....ቁጥር.....፱/፪ሺ፲፪  
 28<sup>th</sup>year ..... No. ....9/2020



Finfinnee,.....Guraandhala 11 Bara 2012  
 ፊንፊንቤ፣ .....የካቲት ፲፩ ቀን ፪ሺ፲፪ ዓ.ም  
 Finfine,.....February 19, 2020

# MAGALATA OROMIYAA

## L ሥ E ሥ % Z Më ;

# MEGELETA OROMIA

Gatiin Tokkoo ..... Qarshii 27.30 የአኒቂ " ብ ..... ብር 27.30 Unit Price ..... Birr 27.30	To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe I%ZMë; ብሔራዊ (EGF" i L ኃ R r በጨፌ ኦሮሚያ ኦ ምፊ }r £' »	Lak. S. Poostaa ..... 21383-1000 ፎ.ቁ.ደ.ሣ .....21383-1000 P.O.Box ..... 21383-1000
---	--	---

<b>QABIYYEE</b> <b>Labsii Lakk. 227/2012</b> Labsii Mirgaa fi Faayidaalee Muudamtootaa Mootummaa, Filatamtoota Ummataa fi Abbootii Seeraa Ittigaafatamummaa Irraa Ka'an Murteessuuf Bahe, Labsii Lak. 161/2002 Irradeebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Lak. 227/2012 .....Fuula 1	<b>ማዕጫ</b> <b>አዋጅ ቁጥር 227/2012</b> ከኃላፊነት የተነሱ የመንግሥት ተሟላቾች፣ የሕዝብ ተመራጮች እና ዳኞች መብትና ጥቅሞችን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 161/2002 እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር 227/2012.....ገጽ ፩	<b>CONTENT</b> <b>Proclamation No. 227/2020</b> Proclamation No. 227/2020 A Proclamation to Amend the Proclamation to Determine the Right and Benefits of Outgoing Government Appointees, Peoples' Electee and Judges of Oromia Regional State No. 161/2010 .....Page 1
---	--	---

Labsii Mirgaa fi Faayidaalee Muudamtootaa Mootummaa, Filatamtoota Ummataa fi Abbootii Seeraa Ittigaafatamummaa Irraa Ka'an Murteessuuf Bahe, Labsii Lakkoofsa 161/2002 Irradeebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Lak. 227/2012	ከኃላፊነት የተነሱ የመንግሥት ተሟላቾች፣ የሕዝብ ተመራጮች እና ዳኞች መብቶችና ጥቅሞችን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 161/2002 እንደገና ለማሻሻል የወጣ አዋጅ ቁጥር 227/2012	Proclamation No. 227/2020 A Proclamation to Amend the Proclamation to Determine the Right and Benefits of Outgoing Government Appointees, Peoples' Electee and Judges of Oromia Regional State No. 161/2010
--	---	---

Muudamtoonni Mootummaa, Filatamtoonni Ummataa fi Abbootiin Seeraa amaanaa ummataa baachuudhaan faayidaa ummataatiif kan hojjetan ta'uu isaaniiittiin ittigaafatamummaa irraa yoo ka'an eegumsaa fi kunuunsi akka taasifamuuf gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

የመንግሥት ተሟላቾች፣ የሕዝብ ተመራጮች እና ዳኞች ሕዝባዊ አደራን በመሸከም ለክልሉ ሕዝብ ጥቅም የሚሰሩ በመሆናቸው ከኃላፊነት ሲነሱ ጥበቃና እንክብካቤ እንዲደረግላቸው ማድረግ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

Whereas, it is found necessary to determine the outgoing Government Appointees, Peoples' Electee and Judges with necessary protection and care in consideration of their burdensome service provision for the public during their term of office;

Muudamtoonni Mootummaa, Filat-amtoonni Ummataa fi Abbootiin Seeraa yeroo ittigaafatamummaa irra turanitti beekumsaa fi muuxannoo qaban akka hojiirra oolchani ummata tajaajiluu danda’anii fi jireenya isaanii gara fuulduraatiif osoo hin yaadda’in misoomaa fi guddina naannichaatiif amantummaadhaan cimani akka hojjetan haala mijaawaa uumuun waan barbaachiseef;

Mirgaa fi faayidaaleen Labsii hojiirra tureen tumamanii jiran haala jijjiirama diinagdee yeroo waliin akka wal-simatu taasisuuf fooyyessuun barbaachisaa ta’ee waan argameef;

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Labsii Lakkoofsa 46/1994 Keewwata 49 Keewwata Xiqqaa 3 (a) tiin kan kanatti aanu lab-sameera.

**Kutaa Tokkoo  
Tumaalee Waliigalaa**

1. **Mata Duree Gabaabaa**  
Labsiin kun “Labsii Mirgaa fi Faayidaalee Muudamtoota Mootummaa, Filatamtoota Ummataa fi Abbootii Seeraa Ittigaafatamummaa Irraa Ka’an Murtees-suf Bahe, Lak. 227/2012” jedhamme waamamuu ni danda’a.
2. **Hiika**  
Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisisuuf yoo ta’e malee, Labsii kana keessatti:
  - 1) “Abbaa Mirgaa” jechuun nama mirgaa fi faayidaalee bu’uura Labsii kanaatiin tumaman argachuu danda’u jechuudha.
  - 2) “Maatii” jechuun Abbaa Warraa yookiin Haadha Warraa fi Ijooll-ee umriin isaanii waggaa 21 hin guunne jechuudha.
  - 3) “Bakka Bu’aa” jechuun hiika seera sooramaa keessatti kennameef kan qabaatu ta’a.

የመንግሥት ተሟላሪዎች፣ የሕዝብ ተመራጮች እና ዳኞች ኃላፊነት ላይ በቆዩበት ወቅት ያካቡቱትን እውቀትና ልምድ ስራ ላይ በማዋል ሕዝቡን ማገልገል እንዲችሉና ስለ ወደ ፊት ኑሯቸው ላይ ስራ ለክልሉ ልማትና እድገት በታማኝነት ጠንክረው እንዲሰሩ አመቺ ሁኔታዎችን መፍጠር በማስፈለግ፤

ስራ ላይ በነበረው አዋጅ ላይ ተደንገገው የነበሩ መብትና ጥቅሞችን ከወቅቱ የኢኮኖሚ ለውጥና ሁኔታ ጋር በማገናዘብ ማሻሻል አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

በአሮሚያ ክልል ሕገ መንግሥት አዋጅ ቁጥር 46/1994 አንቀጽ 49 ንዑስ አንቀጽ (3) (ሀ) መሠረት የሚከተለው ታውጧል፡፡

**ክፍል አንድ  
ጠቅላላ ድንጋጌዎች**

1. **አጭር ርዕስ**  
ይህ አዋጅ “ከኃላፊነት የተነሱ የመንግሥት ተሟላሪዎች፣ የሕዝብ ተመራጮች እና ዳኞች መብትና ጥቅሞችን ለመወሰን የወጣ አዋጅ ቁጥር 227/2012” ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል፡፡
2. **ትርጓሜ**  
የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ አዋጅ ውስጥ፡-
  - 1) “ባለ መብት” ማለት በዚህ አዋጅ መሠረት የተደነገጉትን መብት ጥቅሞች ማግኘት የሚችል ሰው ማለት ነው፡፡
  - 2) “ቤተሰብ” ማለት አባወራ ወይም አማወራ እና 21 ዓመት ያልሞላቸውን ልጆች ያጠቃልላል፡፡
  - 3) “ተተኪ” ማለት በጡረታ ሕግ የተሰጠውን ትርጓሜ ይይዛል፡፡

Whereas, it has become essential to create favorable conditions that enable the Government Appointees, Peoples’ Electee and Judges to serve the people using their utmost knowledge and experiences and to reinforce them to work hard honestly for the development and growth of the region without worrying about their future lives while they are in office;

Whereas, it is found necessary to amend the existing proclamation so as to make the right and benefits provided by such proclamation compatible with the current economic situation;

Now, Therefore, in accordance with Article 49 (3) (a) of the Revised Constitution of Oromia Regional State Proclamation No. 46/2001, it is hereby proclaimed as follows:

**Part One  
General Provisions**

1. **Short Title**  
This Proclamation may be cited as “A Proclamation to Determine the Right and Benefits of Outgoing Government Appointees, Peoples’ Electee and Judges No. 227/2020.”
2. **Definitions**  
Unless the context requires otherwise, in this proclamation:
  - 1) “Beneficiary” means a person entitled to the right and benefits provided in accordance with this proclamation.
  - 2) “Family” means the husband or wife and their children under the age of 21 years.
  - 3) “Survivor” shall have the meaning provided to it under pension law.

- 4) “Bara Hojii Tokkoo” jechuun turtii yeroo waggaa shanii jechuudha.
- 5) “Ittigaafatamummaa Irraa Kan Ka’e” jechuun balleessaa osoo hin dabalatin abbaa mirgaa saba-boota biroo kamiiniyyuu ittigaafatamummaa irraa kan ka’e jechuudha.

**3. Daangaa Raawwatiinsaa**

Labsiin kun Muudamtoota Mootummaa, Filatamtoota Ummataa fi Abbootii Seeraa akkaataa tumalee Labsii kanaatti turtii bara hojii tajaajilani fi ittigaa-fatamummaa irraa ka’an irratti raawwatiinsa ni qabaata.

**4. Ibsa Koorniyaa**

Labsii kana keessatti jechi koorniyaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**Kutaa Lama**

**Mirgaa fi Faayidaalee Muudamtoota Mootummaa Qaama Seera Raawwachiiftuu Ittigaafatamummaa Irraa Ka’anii**

**5. Mirgaa Sooramaa**

- 1) Seera sooramaatiin kan tumame akkuma eegametti ta’ee Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa, Hogganaa fi Hogganaa Itti Aanaa Biiroo fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi O’aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran yoo xiqqaate bara hojii tokkoo fi isaa ol tajaajilee:
  - (a) Ittigaafatamummaa irraa yoo ka’u umriin isaa waggaa 50 (shantamaa) fi isaa ol yoo ta’e tajaajila sooramaa umrii guutuu ni kaffalamaaf;
  - (b) Sababa dhukkubaatiin ittigaafatamummaa irraa yoo ka’e durgoon sooramaa dhukkubaa umrii guutuu ni kaffalamaaf;

- 4) “አንድ የስራ ዘመን” ማለት አምስት ዓመት የቆይታ ጊዜ ማለት ነው።

- 5) “ከኃላፊነት የተነሳ” ማለት ጥፋትን ሳይጨምር በማናቸውም ሌሎች ምክንያቶች ከኃላፊነት የተነሳ ባለመብት ማለት ነው።

**3. የተፈጻሚነት ወሰን**

በዚህ አዋጅ የተመለከቱት ድንጋጌዎች የሥራ ዘመን ቆይታቸውን አገልግለው ከኃላፊነት በሚነሱ የመንግሥት ተሻሚዎች፣ የሕዝብ ተመራጮች እና ጻዮች ላይ ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

**4. የጾታ አገላለጽ**

በዚህ አዋጅ ውስጥ በወንድ ጾታ የተገለጸው ቃል ሴትንም ይጨምራል።

**ክፍል ሁለት**

**ከኃላፊነት የተነሱ የመንግሥት አስፈጻሚ አካላት ተሻሚዎች መብትና እና ጥቅሞች**

**5. የጡረታ መብት**

- 1) በጡረታ ሕግ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት፣ የቢሮ ኃላፊ እና ምክትል የቢሮ ኃላፊ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሻሚዎች፣ የዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሻሚ ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመንና ከዚያ በላይ ያገለገል፡-
  - (ሀ) ከኃላፊነት በሚነሳበት ወቅት ዕድሜው 50 (ሃምሳ) ዓመትና ከዚያ በላይ ከሆነ የአገልግሎት ጡረታ አበል እስከ ዕድሜ ልክ ይከፈላል።
  - (ለ) በህመም ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የህመም ጡረታ አበል እስከ ዕድሜ ልክ ይከፈላል።

- 4) “One term of office” means a tenure for a period of five years.
- 5) “Outgoing from Responsibility” means a beneficiary who has been withdrawn from position for any reason other than due to committing fault.

**3. Scope of Application**

This proclamation shall be applicable to Government Appointees, Peoples’ Electee and Judges who have served the terms of office as per this proclamation and outgone from responsibility.

**4. Gender Reference**

In this proclamation, any term expressed in masculine gender shall include the feminine gender.

**Part Two**

**Right and Benefits of Outgoing Law Enforcing Government Appointees**

**5. Right of Pension**

- 1) Without prejudice to the provision under the pension law, the President and Deputy President, Head and Deputy Head of Bureau and Government Appointees at similar positions, Administrator and Deputy Administrator of Zone, Mayor and Deputy Mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar positions who has served at least for one term of office and above:
  - (a) If he has been released at the age of 50 (Fifty) years and above, he shall be entitled to get pension for life;
  - (b) If he has been released due to sickness, he shall be paid invalidity pension for life;

- (c) Hojii irra osoo jiruu du'aan ad-dunyaan kanarraa yoo boqate bakka bu'oota isaatiif durgoon sooramaa ni kaffalamaaf.
- 2) Muudamaan mootummaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tarreeffame kamiyyuu bara hojii tokko gadi tajaajilee:
- (a) Ittigaafatamummaa irraa yoo ka'u umriin isaa waggaa 50 (shantama) kan ta'eef daara-gootiin tajaajilaa ni kaffalamaaf;
- (b) Sababa dhibeetiin ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e daara-gootiin tajaajilaa dhibeef kaffalamu ni kaffalamaaf.
- 3) Kaffaltiiwwan Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 fi 2 jalatti tumaman bu'uura seera sooramaatiin kan raawwataman ta'a.
- 4) Raawwii Keewwata kanaa keesatti dhiibbaan maallaqaa fandii sooramaa irra kan gahu yoo ta'e, Mootummaa Naannichaatiin kan uwwifamu ta'a.

**6. Durgoo Deebisanii Dhaabuu**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa, Hogganaa fi Hogganaa Itti Aanaa Biiroo fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran:
- (a) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajile ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e yookiin
- (b) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukkubaan, miidhama qaamaan yookiin sababa biroo humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e durgoon deebisanii dhaabuu ni kaffalamaaf.

- (ሐ) በሥራ ላይ እያለ ከዚህ ዓለም በሞት በለይ ለተተኪዎቹ የጡረታ አበል ይከፈላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተዘረዘረው ማንኛውም የመንግሥት ተሻሚ ከአንድ የሥራ ዘመን በታች አገልግሎት፡-
- (ሀ) ከኃላፊነት ሲነሳ 50 (ሃምሳ) ዓመት የሞላው ከሆነ የአገልግሎት ዳረጎት ይከፈለዋል፤
- (ለ) በህመም ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የህመም ዳረጎት ይከፈለዋል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 እና 2 ሥር የተደነገጉት ክፍያዎች በጡረታ ሕግ መሠረት የሚፈጸሙ ይሆናል።
- 4) በዚህ አንቀጽ አፈጻጸም ላይ በጡረታ ፈንዳ ላይ የገንዘብ ተጽእኖ የሚደርስ ከሆነ በክልሉ መንግሥት የሚሸፈን ይሆናል።

**6. የመቋቋሚያ አበል**

- 1) ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት፣ የቢሮ ኃላፊ እና ምክትል የቢሮ ኃላፊ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሻሚዎች፣ የዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሻሚ፡-
- (ሀ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎት ከኃላፊነት ከተነሳ፣ ወይም
- (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎት በህመም፣ በአካል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የመቋቋሚያ አበል ይከፈለዋል።

**(c) If he dies while in service, his survivors shall be paid pension allowance.**

- 2) Any Government Appointee specified under sub article 1 of this Article who has served less than one term in office:
- (a) Shall be paid retirement gratuity if he attained at the age of 50 (Fifty) years at the time of retirement;
- (b) If he has been released due to sickness, he Shall be paid invalidity gratuity.
- 3) The payments provided under sub article 1 and 2 of this Article shall be implemented in accordance with pension law.
- 4) If there caused a financial deficit on the pension fund in the implementation of this Article, it shall be covered by the Regional Government.

**6. Maintenance Allowance**

- 1) The President and Deputy President, Head and Deputy Head of Bureau and Government Appointees at similar positions, Administrator and Deputy Administrator of Zone, Mayor and Deputy Mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar position:
- (a) If he has been released from responsibility served at least for one term of office; or
- (b) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground caused by force majeure up on serving for not less than half of one term in office, shall be paid maintenance allowance.



- 2) Muudamaan mootummaa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tarreeffame kamiyyuu durgoon deebisanii dhaabuu kan kaffalamu tajaajila waggaa tokkoo isa jalqabaatiif mindaa ji'oota jahaa (6) ta'ee, tajaajila waggaa tokkoo ol jiruuf tajaajila waggootii dabalataan jiraniif tajaajila waggaa tokkootiif mindaan ji'a tokkoo (1) inni dhumaa dabalamaa ni shallagama.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, durgoon deebisanii dhaabuu nama tokkoof waliigalaan kaffalamu mindaa ji'oota digdamii afurii (24) caaluu hin qabu.

**7. Kaffaltii Hojiirraa Gaggeeffamuu**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa, Hogganaa fi Hogganaa Itti Aanaa Biiroo fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argamu itti-gaafatamummaa irraa yoo ka'e kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuu ni kaffalamaaf; kaffaltiin kun kan raawwatamus abbaan mirgaa gara hojii mootummaatti kan hin deebine yoo ta'eedha.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuu kan kaffalamu tajaajila waggaa jalqabaa tokkoof mindaa ji'oota jahaa (6) ta'ee, tajaajila waggaa tokkoo ol jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif mindaa ji'aa isaa dhumaa walakkaa (1/2)n irratti dabalamaa ni shallagama.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuuf kaffalamu walumaagalatti mindaa ji'oota kudha saddeetii caaluu hin qabu.

- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተዘረዘረው ማንኛውም የመንግሥት ተሿሚ የሚከፈለው የመቋቋሚያ አበል ለመጀመሪያው የአንድ ዓመት አገልግሎት የስድስት (6) ወራት ደመወዝ ሆኖ ከአንድ ዓመት በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት የመጨረሻው የአንድ (1) ወር ደመወዝ እየታከለ ይታሰባል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለአንድ ሰው የሚከፈለው ጠቅላላ የመቋቋሚያ አበል ክፍያ ከሃያ አራት (24) ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

**7. የሥራ ስንብት ክፍያ**

- 1) ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት፣ የቢሮ ኃላፊ እና ምክትል የቢሮ ኃላፊ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች፣ የዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች ከኃላፊነት ሲነሱ የሥራ ስንብት ክፍያ ይከፈላቸዋል፤ ይህ ክፍያ የሚፈጸመው ባለመብቱ ወደ መንግሥት ሥራ የማይመለስ ከሆነ ነው።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው መሠረት የሥራ ስንብት ክፍያ የሚከፈለው ለመጀመሪያው የአንድ ዓመት አገልግሎት የስድስት (6) ወራት ደመወዝ ሆኖ ከአንድ ዓመት በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት የመጨረሻው ወር ደመወዝ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የሚከፈለው ጠቅላላ የሥራ ስንብት ክፍያ ከአስራ ስምንት ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

- 2) Any Government Appointees specified under sub article 1 of this Article shall be paid with maintenance allowance of six (6) months salary for the first one year service and for those above one year service, it shall be calculated as per the number of additional service years the last one month (1) salary for each one additional service year;
- 3) Without prejudice to the provision under sub Article 2 of this article, the total amount of maintenance allowance payable for one person shall not exceed twenty four (24) months salary.

**7. Severance Pay**

- 1) The President and Deputy President, Head and Deputy Head of Bureau and Government Appointees at similar positions, Administrator and Deputy Administrator of Zone, Mayor and Deputy Mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar position has released from their power shall be entitled to severance pay provided; however, that the beneficiary does not resume the government office;
- 2) The severance pay to be paid in accordance with sub Article 1 of this Article shall be equivalent to six (6) month's salary for the first one year of service; and half (1/2) of the monthly salary shall be added for each additional service year for those above one service years;
- 3) Without prejudice to the provision under sub Article 2 of this article, the total amount of severance pay to be made shall not exceed eighteen months salary.

**8. Durgoo Mana Jireenyaa fi Mana Jireenyaa**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa, Hogganaa fi Hogganaa Itti Aanaa Biiroo fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi O’faanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran:
  - (a) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka’e yookiin
  - (b) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukubaan, miidhama qaamaan yookiin sababa biroo humnaa ol ta’een ittigaafatamummaa irraa yoo ka’e durgoon mana jireenyaa ni kaffalamaaf.
- 2) Akkaataa Keewwata kanaa Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen durgoon mana jireenyaa yeroo tokkotti kan kaffalamu ta’ee:
  - (a) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran yoo ta’e, ka’umsi kaffaltii mindaa ji’oota sagalii (9) guutuu ta’ee, tajaajila bara hojii tokkoo ol jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif kaffaltii mindaa ji’a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.
  - (b) Hogganaa Biiroo yookiin muudamtoota sadarkaa walfakkaataa irratti argamaniif yoo ta’e, kaffaltiin ka’umsaa mindaa ji’oota jahaa (6) guutuu ta’ee, bara hojii tokkoo ol kan jiruuf dabalata tajaajila waggaa tokkootiif kaffaltii mindaa ji’a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.

**8. የመኖሪያ ቤት አበልና መኖሪያ ቤት**

- 1) ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት፣ የቢሮ ኃላፊ እና ምክትል የቢሮ ኃላፊ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች፣ የዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሿሚ፡-
  - (ሀ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎት ከኃላፊነት ከተነሳ፣ ወይም
  - (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎት በሀመም፣ በአካል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የመኖሪያ ቤት አበል ይከፈለዋል፡፡
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው መሠረት የመኖሪያ ቤት አበል በአንድ ጊዜ የሚከፈል ሆኖ፡-
  - (ሀ) ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች ከሆኑ፣ የመነሻ ክፍያ የዘጠኝ (9) ወራት ሙሉ ደመወዝ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት ከአንድ (1) ወር ደመወዝ ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል፡፡
  - (ለ) የቢሮ ኃላፊ ወይም በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሿሚ ከሆነ የመነሻ ክፍያው የስድስት (6) ወራት ሙሉ ደመወዝ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት ከአንድ (1) ወር ደመወዝ ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል፡፡

**8. Housing Allowance and Residential House**

- 1) The President and Deputy President, Head and Deputy Head of Bureau and Government Appointees at similar positions, Administrator and Deputy Administrator of Zone, Mayor and Deputy Mayor of Principal and Higher City and Government Appointee at similar position:
  - (a) If he has been released from responsibility, up on serving at least for one term of office; or
  - (b) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground caused by force majeure up on serving for not less than half of one term of office, shall be provided with housing allowance.
- 2) The housing allowance provided in accordance with sub Article 1 of this article shall be paid in a lump-sum;
  - (a) In the case of the President or Deputy President and Government Appointees at similar positions shall be paid full payment for the initial nine (9) months salary and additional half (1/2) salary payment for every additional year of service beyond one year of term of office .
  - (b) For the Head of Bureau and government appointees at similar status, it **shall be paid full payment** for the initial six (6) months salary and additional half (1/2) salary payment for every additional year of service beyond one term of office.

- (c) Hogganaa Itti Aanaa Biiroo fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran yoo ta'e kaffaltiin ka'umsaa mindaa ji'oota afurii (4) guutuu ta'ee, bara hojii tokkoo ol kan jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif kaffaltiin mindaa ji'a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (a-c) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kaffaltiin durgoo mana jireenyaatiif kaffalamu walumaagalatti mindaa ji'oota digdamii afurii (24) caaluu hin qabu.
- 4) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 - 3 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee:
  - (a) muudamaan mootummaa yoo xiqqaate bara hojii lama (2) tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e; yookiin
  - (b) yoo xiqqaate bara hojii tokkoo fi walakkaa gadi kan hin taane tajaajilee sababa dhukkubaatiin, miidhama qaamaatiin yookiin sababa biroo humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e; mana jireenyaa maqaa isaatiin yookiin haadha warraa isaatiin galmaa'e kan hin qabaanne yoo ta'e manni jireenyaa isaa fi maatii isaatiif tajaajilu kiraa ofii isaatiin kan itti kaffalu ni kennamaaf.

**9. Durgoo Konkolaataa**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa, Hogganaa fi Hogganaa Itti Aanaa Biiroo fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiraniif:

- (d) ምክትል የቢሮ ኃላፊ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች፣ የዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች ከሆኑ መነሻ ክፍያው የአራት (4) ወራት ሙሉ ደመወዝ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ አንድ ዓመት አገልግሎት ከአንድ (1) ወር ደመወዝ ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 (ሀ-ሐ) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለመኖሪያ ቤት አበል የሚከፈለው አበል ጠቅላላ ክፍያ ከሃያ አራት (24) ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1-3 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፡-
- (ሀ) ቢያንስ ሁለት የሥራ ዘመን አገልግሎ ኮሃፊነት የተነሳ የመንግሥት ተሿሚ፣ ወይም
- (ለ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን እና ከግማሽ ያላነሰ አገልግሎ በሀመም፣ በአካል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ኮሃፊነት ከተነሳ፣ በራሱ ወይም በባለቤቱ ስም የተመዘገበ መኖሪያ ቤት የሌለው ከሆነ ለራሱና ለቤተሰቡ መኖሪያነት የሚያገለግል ራሱ ኪራይ እየከፈለ የሚገለገልበት የመኖሪያ ቤት ይሰጠዋል።

**9. የተሽከርካሪ አበል**

- 1) ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት፣ የቢሮ ኃላፊ እና ምክትል የቢሮ ኃላፊ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች፣ የዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚ፡-

- (c) If it is Deputy Head of Bureau and Government Appointees at similar status, Administrator and deputy Administrator of Zone and Mayor and Deputy mayor of Principal and Higher City and government appointees at similar status, shall be paid full payment for the initial four (4) months salary and from one(1) month salary half (1/2) salary payment for every additional year of service beyond one term of office .
- 3) Without prejudice to the provision under sub Article 2 (a-c) of this article, the total amount of housing allowance payable shall not exceed twenty-four (24) month's salary.
- 4) Without prejudice to the provision under sub Article 1-3 of this Article:
  - (a) If the Government appontee has been released from responsibility serving for at least two (2) term of office; or
  - (b) If he has been released responsibility due to sickness, disability or any other ground caused force majeure up on serving for not less than one and half term of office and if he has no residential house registered in his name or in his spouse's name, he shall be provided with a residential house to be used for him and his family which its rent is paid by himself.

**9. Vehicle Allowance**

- 1) The President and Deputy President, Head and Deputy Head of Bureau and Government Appointees at similar positions, Administrator and Deputy Administrator of Zone and Mayor and Deputy Mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar position:



- (a) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e yookiin
- (b) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukkubaan, miidhama qaamaan yookiin sababa humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e durgoon konkolaataa ni kaffalamaaf.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen durgoon konkolaataa yeroo tokkotti kan kaffalamu ta'ee:
- (a) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamaa mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiru yoo ta'e, ka'umsi kaffaltii mindaa ji'oota sagalii (9) guutuu ta'ee, bara hojii tokkoo ol kan jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif kaffaltii mindaa ji'a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.
- (b) Hogganaa Biiroo yookiin muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argamaniif ka'umsa kaffaltii mindaa ji'oota jahaa (6) guutuu ta'ee, tajaajila bara hojii tokkoo ol kan jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif kaffaltii mindaa ji'a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.
- (c) Hogganaa Itti Aanaa Biiroo fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaallaa Muummee fi Ol'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiraniif ka'umsi kaffaltii mindaa ji'oota afurii (4) guutuu ta'ee, tajaajila bara hojii tokkoo ol jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif kaffaltii mindaa ji'a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 (a - c) jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, durgoon konkolaataaf kaffalamu kaffaltii mindaa ji'oota digdamii afurii (24) caaluu hin qabu.

- (ሀ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎት ከኃላፊነት ከተነሳ ወይም
- (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎት በሀመም፣ በእካል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የተሽከርካሪ አበል ይከፈላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው መሠረት የተሽከርካሪ አበል በአንድ ጊዜ የሚከፈል ሆኖ፡-
- (ሀ) ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተጂሚ ከሆነ፣ የመነሻ ክፍያው የዘጠኝ (9) ወራት ሙሉ ደመወዝ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት ከአንድ (1) ወር ደመወዝ ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።
- (ለ) የቢሮ ኃላፊ ወይም በተመሳሳይ ደረጃ ላይ ለሚገኙ የመንግሥት ተጂሚዎች የመነሻ ክፍያው የስድስት (6) ወራት ሙሉ ደመወዝ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት ከአንድ (1) ወር ደመወዝ ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።
- (ሐ) ምክትል የቢሮ ኃላፊ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተጂሚዎች፣ የዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ ለሚገኙ የመንግሥት ተጂሚዎች የመነሻ ክፍያው የአራት (4) ወራት ሙሉ ደመወዝ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት ከአንድ (1) ወር ደመወዝ ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 (ሀ-ሐ) ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ ለተሽከርካሪ አበል የሚከፈለው ክፍያ ከሃያ አራት (24) ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

- (a) If he has been released from responsibility up on serving for at least one term office; or
- (b) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground caused force majeure up on serving for not less than half of one term of office, shall be paid with allowance of vehicle.
- 2) The vehicle allowance provided in accordance with sub article 1 of this article shall be paid in a lump-sum;
- (a) For the President or Deputy President and Government Appointees at similar position, it shall be full payment for the initial nine (9) months salary and it shall be calculated as from one (1) month salary half (1/2) of the monthly salary for each additional service year for those above one term of office.
- (b) For the Head of Bureau and Government Appointees at similar status, it shall be full payment for the initial six (6) month's salary and it shall be calculated by adding half (1/2) **of the monthly salary for each** additional service year for those above one service years;
- (c) If it is Deputy Head of Bureau and Government Appointees at similar status, Administrator and Deputy Administrator of Zone and Mayor and Deputy mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar status, it shall be full payment for the initial four (4) month's salary and it shall be calculated by adding half (1/2) of the monthly salary for each additional service year for those above one service years;
- 3) Without prejudice to the provision under sub article 2 (a-c) of this article, the total amount of vehicle allowance payable shall not exceed payment of twenty-four (24) month's salary.



**10. Tajaajila Yaalaa**

- 1) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman:
  - (a) Ofii isaatii fi maatii isaatiif dhaabbata fayyaa mootummaa biyya keessatti yookiin haala jiru ka'umsa gochuun dhaabbata fayyaa dhuunfaatti baasii mootummaatiin tajaajila yaalaa ni argata.
  - (b) Ragaa boordii dhaabbata fayyaa irraa kennamuun biyya alaatti baasii mootummaatiin ni yaalama.
  - (c) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman ofii isaa fi Abbaa Warraa yookiin Haadha Warraa isaatiif tajaajilli yaalaa dhaabbata fayyaa biyya keessatti argaman keessatti kennamuuf sadarkaa tokkoffaa ta'a.
- 2) Hogganaa Biiroo, Bulchaa Godinaa, Kantiibaa Magaalaa Muummee fi O'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman ittigaafatamummaa irraa ka'e ofii isaa fi maatii isaatiif biyya keessatti dhaabbata fayyaa mootummaati yookiin haala jiru ka'umsa gochuun dhaabbata fayyaa dhuunfaatti baasii mootummaatiin tajaajila yaalaa ni argatu.
- 3) Hogganaa Itti Aanaa Biiroo, Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi O'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman ofii isaa fi maatii isaatiif biyya keessatti baasii mootummaatiin dhaabbata fayyaa mootummaatti tajaajila yaalaa ni argatu.

**10. የህክምና አገልግሎት**

- 1) ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሿሚ፡-
  - (ሀ) ለራሱና ለቤተሰቡ በአገር ውስጥ በመንግሥት የጤና ተቋም ወይም ያለውን ሁኔታ መነሻ በማድረግ በግል የጤና ተቋም በመንግሥት ወጪ የህክምና አገልግሎት ያገኛል፡፡
  - (ለ) በህክምና ተቋም በሚሰጥ የህክምና ቦርድ ማስረጃ በውጭ አገር በመንግሥት ወጪ ይታከማል፡፡
  - (ሐ) ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሿሚ ለራሱ እና ለባለቤቱ በአገር ውስጥ የጤና ተቋም ለመታከም የሚሰጠው የህክምና አገልግሎት በአንደኛ ማዕረግ ይሆናል፡፡
- 2) የቢሮ ኃላፊ፣ የዞን አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሿሚ ከኃላፊነት ሲነሳ ለራሱ እና ለቤተሰቡ በአገር ውስጥ የመንግሥት የጤና ተቋም ወይም ያለውን ሁኔታ መነሻ በማድረግ በግል የጤና ተቋም በመንግሥት ወጪ የህክምና አገልግሎት ያገኛል፡፡
- 3) ምክትል የቢሮ ኃላፊ፣ ምክትል የዞን አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሿሚ ለራሱ እና ለቤተሰቡ በአገር ውስጥ በመንግሥት የጤና ተቋም በመንግሥት ወጪ የህክምና አገልግሎት ያገኛል፡፡

**10. Medical Benefits**

- 1) The President or Deputy President and government appointees at similar position:
  - (a) Shall get medical services for himself and his family at the government health institutions within the country or at the private health institutions based on the existing situation at the expense of the government;
  - (b) He may get medical services abroad at the expense of the government based on the evidence provided by the Medical Board of the health institution;
  - (c) The medical service provided to the President or Deputy President and Government Appointees at similar position for himself and his or her spouse at the health institutions found in the country shall be the first class medical service.
- 2) Head of Bureau, Zone Administrator, Mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar positions released from power shall get medical services for himself and his family at the health institutions within the country or at the private health institutions based on the existing situation at the expense of the government.
- 3) Deputy Head of Bureau, Deputy Administrator of Zone Deputy Mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar positions released from responsibility shall get medical services for himself and his family at the health institutions in the country at the expense of the government.

**11. Tajaajila Eegumsa Nageenya Dhuunfaa**

- 1) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman yeroo ittigaafatamummaa irra turanitti eegumsi nageenya dhunfaa godhamaafii kan ture yoo ta'e ittigaafatamummaa irraa yoo ka'anis isaanii fi maatii isaanitiif eegumsi ni taasifama.
- 2) Gostii fi humni eegumsaa taasifamus qaama eegumsa raawwat-uun murtaa'a.

**12. Waraqaa Ragaa Tajaajilaa**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa, Hogganaa fi Hogganaa Itti Aanaa Biiroo fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkatu irraa jiran, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiraniif:
  - (a) Bara hojii lama yookiin isaa ol kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa tokkoffaatu kennamaaf.
  - (b) Bara hojii tokkoo olii fi bara hojii lama gadi kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa lammaffaatu kennamaaf.
  - (c) Bara hojii guutuu tokko kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa sadaffaatu kennamaaf.
  - (d) Walakkaa bara hojii tokkoo olii fi bara hojii tokkoo gadi yoo tajaajile waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa afraffaatu kennamaaf.
- 2) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkatu irratti argamaniif waraqaan ragaa tajaajilaa kennamuuf Afyaa'ii Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin; Hogganaa Biiroo, Hogganaa Itti Aanaa Biiroo, Bulchaa fi Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa fi Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argamaniif waraqaan ragaa tajaajilaa kennamu Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin kan mallattaa'u ta'a.

**11. የግል ደህንነት ጥበቃ አገልግሎት**

- 1) ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሟሚዎች በኃላፊነት ላይ በነበሩበት ወቅት የግል ደህንነት ጥበቃ ይደረግላቸው የነበረ ከሆነ ከኃላፊነት ሲነሱም ለእነሱ እና ለቤተሰቦቻቸው ጥበቃ ይደረግላቸዋል።
- 2) የጥበቃ ኃይሉ ዓይነትና መጠን ጥበቃውን በሚያካሂደው አካል ይወሰናል።

**12. የአገልግሎት የምስክር ወረቀት**

- 1) ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት፣ የቢሮ ኃላፊ እና ምክትል የቢሮ ኃላፊ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሟሚዎች፣ የዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና የከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሟሚ፡-
  - (ሀ) ሁለት የሥራ ዘመን ወይም ከዚያ በላይ ያገለገለ ከሆነ አንደኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ እና ከሁለት የሥራ ዘመን በታች ያገለገለ ከሆነ ሁለተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (ሐ) አንድ ሙሉ የሥራ ዘመን ያገለገለ ከሆነ ሶስተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (መ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ በላይና ከአንድ የሥራ ዘመን በታች ያገለገለ ከሆነ አራተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
- 2) ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ ለሚገኙ የመንግሥት ተሟሚዎች የሚሰጥ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት በጨፌ ኦሮሚያ አፈ-ጉባኤ፣ ለቢሮ ኃላፊ፣ ለምክትል ቢሮ ኃላፊ፣ ለዞን አስተዳዳሪ እና ምክትል አስተዳዳሪ፣ ለዋና እና ከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ ለሚገኙ የመንግሥት ተሟሚዎች የሚሰጥ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት በክልሉ መንግሥት ፕሬዚዳንት የሚፈረም ይሆናል።

**11. Private Security Protection Services**

- 1) If the President or Deputy President and government appointees at similar position have been given with private security services while they are in power, the same security service shall be given to them and their families after they have released from office.
- 2) The composition and size of security force shall be determined by the body performing security protection.

**12. Certificate of Service**

- 1) The President and Deputy President, Head and Deputy Head of Bureau and Government Appointees at similar positions, Administrator and Deputy Administrator of Zone and Mayor and Deputy Mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar position shall be provided:
  - (a) First grade certificate of service for those who serve for two or more terms of office;
  - (b) Second grade certificate of service for those who serve for more than one and less than two terms of office;
  - (c) Third grade certificate of service for those who serve for one full term of office;
  - (d) Fourth grade certificate of service for those who serve for more than half of one and below one term of office.
- 2) The certificate of service to be issued for the President or Deputy President and Government Appointees at similar position shall be signed by the speaker of Caffee Oromia; and the certificate of service to be issued for the Head and Deputy Head of Bureau, Administrator and Deputy Administrator of Zone, Mayor and Deputy mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar position shall be signed by the President of Oromia Regional State.

- 3) Abbaan mirgaa waraqaan ragaa tajaajilaa kennameef kamiyyuu:
  - (a) Tajaajila yaalaa dhaabbata fayyaa mootummaa keessatti kennamee dursa ni argata.
  - (b) Walgahiiwwan ummataa irratti iddoon kabajaa ni kennamaaf.
- 4) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argamaniif waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa tokkoffaan kennameef mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame irratti dabalataan qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun:
  - (a) Paaspoortiin Dippilomaatikii akka kennamuuf ni taasifama.
  - (b) Buufata Xayyaaraatti tajaajila kabaja addaa (V.I.P.) akka argatu ni taasifama.
  - (c) Xayyaaraan balalii biyya keessatti godhamuun gatiin tikkeetii % 50 mootummaadhaan kan uwwifamuuf ta'a.
- 5) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argamaniif waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa lammaffaan kennameef yookiin Hogganaa Biiroo, Bulchaa Godinaa, Kantiibaa Magaalaa Muummee fi O'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argamaniif waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa tokkoffaan kennameef mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Kewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame irratti dabalatan qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun:
  - (a) Paaspoortiin Dippilomaatikii akka kennamuuf ni taasifama.
  - (b) Buufata xayaaraatti tajaajila kabaja addaa (V.I.P.) akka argatu ni taasifama.
  - (c) Xayyaaraan balalii biyya keessatti godhamuun gatiin tikkeetii % 25 mootummaan kan uwwifamu ta'a.

- 3) ማንኛውም የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ባለሙሉነት፡-
  - (ሀ) በመንግሥት የጤና ተቋም ውስጥ የሚሰጠውን የህክምና አገልግሎት ቅድሚያ ያገኛል፡፡
  - (ለ) በሕዝባዊ ስብሰባዎች ላይ የክብር ቦታ ይሰጠዋል፡፡
- 4) አንደኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተጿሚ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር ከተደነገጉት ሙሉነት እና ጥቅሞች በተጨማሪ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር፡-
  - (ሀ) ዲፕሎማቲክ ፓስፖርት እንዲሰጠው ይደረጋል፡፡
  - (ለ) በአውሮፕላን ማረፊያ ልዩ የክብር አገልግሎት (VIP) እንዲያገኝ ይደረጋል፡፡
  - (ሐ) በአየር የአገር ውስጥ በረራ ሲያደርግ የአየር ቲኬቱ ዋጋ ሃምሳ በመቶ (50%) በመንግሥት የሚሸፈን ይሆናል፡፡
- 5) ሁለተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተጿሚዎች ወይም አንደኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው የቢሮ ኃላፊ፣ የዞን አስተዳዳሪ፣ የዋና እና ከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተጿሚ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር ከተደነገጉት ሙሉነት እና ጥቅሞች በተጨማሪ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር፡-
  - (ሀ) ዲፕሎማቲክ ፓስፖርት እንዲሰጠው ይደረጋል፡፡
  - (ለ) በአውሮፕላን ማረፊያ ልዩ የክብር አገልግሎት (VIP) እንዲያገኝ ይደረጋል፡፡
  - (ሐ) በአየር የአገር ውስጥ በረራ ሲያደርግ የአየር ቲኬቱ ዋጋ ሃያ አምስት በመቶ (25%) በመንግሥት የሚሸፈን ይሆናል፡፡

- 3) Any beneficiary who is provided with certificate of service:
  - (a) Shall get priority for the medical services provided in the health institutions of the government;
  - (b) Shall be given a seat of honor at a place where a public meeting is held.
- 4) The President or Vice President and Government Appointees at similar position provided with first grade certificate of service, in addition to the right and benefits provided under sub Article 3 of this article, through collaborating with the concerned body:
  - (a) Shall be provided with diplomatic passport;
  - (b) Shall be made to get the very important persons services at Airports;
  - (c) The government shall cover 50% of his Air transport price ticket for domestic flights.
- 5) The President or Deputy President and Government Appointees at similar position provided with second (2nd) grade certificate of service or head of Bureau, Administrator of Zone, mayor of Principal and Higher City and Government Appointees at similar positions provided with first grade certificate of service shall, in addition to the right and benefits provided under sub article 3 of this article, through collaborating with the concerned body:
  - (a) Shall be provided with diplomatic passport;
  - (b) Shall be made to get the very important persons services at the Airports;
  - (c) The government shall cover 25% of his air transport price ticket for domestic flights.



6) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argamaniif waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa sadaffaan kennaameef yookiin Hogganaa Biiroo, Bulchaa Godinaa, Kantiibaa Magaalaa Muummee fi Olaanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiran waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa lammaffaa kennaameef yookiin Hogganaa Itti Aanaa Biiroo, Bulchaa Itti Aanaa Godinaa, Kantiibaa Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi Olaanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa tokkoffaa kennaameef mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame irratti dabalataan qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun:

(a) Paaspoortiin Dippilomaatikii akka kennamuuf ni taasifama.

(b) Buufata Xayyaaraatti tajaajila kabaja addaa (V.I.P) akka argatan ni taasifama.

(c) Xayyaaran balalii biyya keessatti godhamuun gatiin tikeetii % 10 mootummaan kan uwwifamu ta'a.

7) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa fi muudamtoota sadarkaa walfakkaatu irratti argamaniif waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa afraffaa kennaameef yookiin Hogganaa Biiroo, Bulchaa Godinaa, Kantiibaa Magaalaa Muummee fi Olaanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irratti argaman waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa lammaffaa kennaameef, mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame irratti dabalataan qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun:

6) ሶስተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች ወይም ሁለተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው የቢሮ ኃላፊ፣ የዞን አስተዳዳሪ፣ የዋና እና ከፍተኛ ከተማ ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኙ የመንግሥት ተሿሚዎች ወይም አንደኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ምክትል የቢሮ ኃላፊ፣ የዞን ምክትል አስተዳዳሪ፣ የዋና እና ከፍተኛ ከተማ ምክትል ከንቲባ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ የሚገኝ የመንግሥት ተሿሚ በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር ከተደነገጉት መብት እና ጥቅሞች በተጨማሪ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር፡-

(ሀ) ዲፕሎማቲክ ፓስፖርት እንዲሰጠው ይደረጋል።

(ለ) በአውሮፕላን ማረፊያ ልዩ የክብር አገልግሎት (VIP) እንዲያገኝ ይደረጋል።

- 3) Afyaa'ii fi Afyaa'ii Itti Aanaa Caffee, Dura Taa'aa Koree Dhaabbii Caffee, Ittigaafatamaa Waajjiraa, muudamaa sadarkaa Ittigaafatamaa Itti Aanaa Waajjira Caffee, Afyaa'ii fi Afyaa'ii Itti Aanaa Magaalaa Muummee fi Ol'aanaa fi muudamtoota mootummaa sadarkaa walfakkaatu irra jiraniif faayidaalee osoo hin argatin dura addunyaa kana irraa du'aan yoo boqate mirgi tajaajila yaalaa dhaabbata fayyaa biyya keessatti maatii isaatiif kennamaa ture addaan hin citu.
- 4) Afyaa'ii fi Afyaa'ii Itti Aanaa Caffee hojiirra osoo jiruu yookiin ittigaafatamummaa irraa ka'ee addunya kanarraa du'aan yoo boqate:
  - (a) Oduun boqannaa isaa fi seenaan jireenya isaa miidiyaa mootumaatiin ni himama.
  - (b) Sirna awwaalchaa irratti maarshaandii fi eegumsa kabajaa naanichaatiin ni raawwatama.

- (ሀ) ከሞቱ ጋር ተያይዞ የሚወጡ ወጪዎችን ለመሸፈን የሰሰት (3) ወራት ደመወዝ ለቤተሰቡ ይከፈላል።
- (ለ) ከኃላፊነት ቢነሳ ኖሮ ሊከፈለው ይገባ የነበረው የመቋቋሚያ አበል፣ የሥራ ስንብት ክፍያ፣ የመኖሪያ ቤት አበልና የተሽከርካሪ አበል ለቤተሰቡ ይከፈላል።
- 2) የጨፌ አራ-ጉባኤ እና ምክትል አራ-ጉባኤ፣ የጨፌ ቋሚ ኮሚቴ ሰብሳቢ፣ የጽ/ቤት ኃላፊ፣ በጨፌ ምክትል የጽ/ቤት ኃላፊ ደረጃ ያለ ተሿሚ፣ የዋና እና ከፍተኛ ከተማ አራ-ጉባኤ እና ምክትል አራ-ጉባኤ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ ያለ የመንግሥት ተሿሚ ጥቅሞችን ከማግኘቱ በፊት ከዚህ ዓለም በሞት ቢለይ ሊከፈለው ይገባ የነበረው የመቋቋሚያ አበል፣ የሥራ ስንብት ክፍያ፣ የመኖሪያ ቤት አበልና የተሽከርካሪ አበል ለቤተሰቡ ይከፈላል።
- 3) የጨፌ አራ-ጉባኤ እና ምክትል አራ-ጉባኤ፣ የጨፌ ቋሚ ኮሚቴ ሰብሳቢ፣ የጽ/ቤት ኃላፊ፣ በጨፌ ምክትል የጽ/ቤት ኃላፊ ደረጃ ያለ ተሿሚ፣ የዋና እና ከፍተኛ ከተማ አራ-ጉባኤ እና ምክትል አራ-ጉባኤ እና በተመሳሳይ ደረጃ ላይ ያለ የመንግሥት ተሿሚ ጥቅሞችን ከማግኘቱ በፊት ከዚህ ዓለም በሞት ቢለይ ለቤተሰቡ በአገር ውስጥ ሲሰጥ የነበረው የህክምና አገልግሎት አይቋረጥም።
- 4) የጨፌ አራ-ጉባኤ እና ምክትል አራ-ጉባኤ በሥራ ላይ እያለ ወይም ከኃላፊነት ተነስቶ ከዚህ ዓለም በሞት ቢለይ፡-
- (ሀ) ዜና እረፍቱና የህይወት ታሪኩ በመንግሥት ሚዲያ ይነገራል።
- (ለ) የቀብር ሥነ-ሥርዓቱ የክልሉ ማርሽ ባንድና የክብር ዘብ በተገኘበት ይፈጸማል።

- (a) His three months salary shall be paid to his family to cover expenses related to his death;
- (b) If he has been released from responsibility, the maintenance allowance, severance pay, housing allowance and vehicle allowance that has to be paid for him shall be paid to his family.
- 2) If the Speaker and Deputy Speaker of Caffee, Chairperson of Standing Committee of Caffee, Head of the Secretariat of Caffee and appointee in the rank of Deputy Head of the Secretariat of Caffee, Speaker and Deputy Speaker of Principal and Higher City and Government Appointees at similar position passed away before acquiring the benefits, the maintenance allowance, severance pay, housing allowance and vehicle allowance that has to be paid for him shall be paid to his family;
- 3) If the Speaker and Deputy Speaker of Caffee, Chairperson of Standing Committee of Caffee, Head of the Secretariat of Caffee and appointee in the rank of Deputy Head of the Secretariat of Caffee, Speaker and Deputy Speaker of principal and Higher City and Government Appointees at similar position passed-away before acquiring the benefits, the right of medical services provided in the health institutions within the country provided to his family shall not be terminated.
- 4) If the Speaker and Deputy Speaker of Caffee passed away while he is in office or after outgoing from responsibility:
  - (a) The news of his death and his Auto Biography shall be disclosed by the government media;
  - (b) The marsh band and honor guard of the region shall be performed on the funeral ceremony;



- (c) Abbaan Taayitaa Mootummaa O'laanaan sirna awwaalchaa isaa irratti argamuun sirna abaaboo kaa'uu ni raawwata.
- (d) Sirni awwaalchaa karaa raaw-wachiiftoota awwaalaatiin kan raawwatamu ta'ee, baasiin kanaaf oolu mootummaadhaan kan uw-wifamu ta'a.

**Kutaa Afur**

**Mirgaa fi Faayidaalee Ittigaafatam-toota Qaama Seera Hiiktuu Ittigaafatamummaa Irraa Ka'an**

**Kutaa Xiqqaa Tokko**

**Mirgaa fi Faayidaalee Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa**

**25. Mirga Sooramaa**

Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa soorama kan argatan bu'uura seera sooramaatiin ta'a.

**26. Durgoo Deebisanii Dhaabuu**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaatiif durgoon deebisanii dhaabuu kan kaffalamuuf:
  - (a) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e yookiin
  - (b) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukkubaan, miidhama qaamaan yookiin saba-ba biroo humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e ta'a.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen durgoon deebisanii dhaabuu kaffalamu tajaajilli waggaa tokkoo yeroo duraatiif mindaa ji'oota jahaa (6) ta'ee, tajaajila waggaa tokkoo ol jiruuf tajaajila waggootii dabalataan jiraniif tajaajila waggaa tokkootiif mindaan ji'a tokkoo (1) inni dhumaa dabalamaa ni shallagama.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, durgoon deebisanii dhaabuu waliigalaatti kaffalamu mindaa ji'oota digdamii afurii caaluu hin qabu.

(ሐ) የክልሉ ከፍተኛ የመንግሥት ባለሥልጣን በቀብር ሥነ-ሥርዓቱ ላይ በመገኘት የአበባ ጉንጉን የማስቀመጥ ሥነ-ሥርዓት ይፈጽማል።

(መ) የቀብር ሥነ-ሥርዓቱ በቀብር አስፈጻሚዎች የሚፈጸም ሆኖ ለዚህ የሚውል ወጪ በመንግሥት የሚሸፈን ይሆናል።

**ክፍል አራት**

**ከኃላፊነት የተነሱ የህግ ተርጓሚ አካላት ኃላፊዎች መብት እና ጥቅሞች**

**ንኡስ ክፍል አንድ**

**የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት መብት እና ጥቅሞች**

**25. የጡረታ መብት**  
የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት ጡረታ የሚያገኙት በጡረታ ህግ መሠረት ይሆናል።

**26. የመቋቋሚያ አበል**

- 1) ለጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት የመቋቋሚያ አበል የሚከፈለው፦
  - (ሀ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎ ከኃላፊነት ከተነሳ፤ ወይም
  - (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎ በህመም፣ በአካል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ ይሆናል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው መሠረት የሚከፈለው የመቋቋሚያ አበል ለመጀመሪያው የአንድ አመት አገልግሎት የሰድስት (6) ወራት ደመወዝ ሆኖ፤ ከአንድ አመት በላይ ላለው ለአያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ አመት አገልግሎት የመጨረሻው የአንድ (1) ወር ደመወዝ እየታከለ ይታሰባል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አጠቃላይ የሚከፈለው የመቋቋሚያ አበል ከሃያ አራት ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

- (c) Senior government official shall attend the funeral ceremony and lay funeral wreath;
- (d) The funeral ceremony shall be condusted by the funeral execution bodies and the expense for this purpose shall be covered by the government.

**Part Four**

**Right and Benefits of Outgoing Heads of the Judiciary**

**Sub Section One**

**Right and Benefits of the President and Deputy President of Supreme Court**

**25. Pension Right**

The President and Deputy President of Supreme Court shall be entitled to pension in accordance with the pension law.

**26. Maintenance Allowance**

- 1) The President and Deputy President of Supreme Court shall be paid with maintenance allowance:
  - (a) If he has been released from responsibility up on serving for at least one (1) term of office;
  - (b) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground which is force majeure up on serving for not less than half of one term of office.
- 2) The maintenance allowance paid as per sub article 1 of this article shall be six (6) month's salary for the first one year service and for those above one service year, it shall be calculated by adding one (1) last month's salary for each additional service years;
- 3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the total amount of maintenance allowance payable shall not exceed twenty four month's salary.

**27. Kaffaltii Hojiirraa Geggeeffamuu**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa ittigaafatamummaa irraa ka'eeff kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuu ni kaffalama.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuu yeroo duraatiif tajaajila waggaa tokkoof mindaa ji'oota jahaa (6) ta'ee, tajaajila waggaa tokkoo ol jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif mindaa ji'a dhumaa keessaa walakkaa (1/2) n dabalamaa ni shallagama.
- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuu kaffalamu walumaagalatti ji'oota kudha saddeetii (18) caaluu hinqabu.

**28. Durgoo Mana Jireenyaa fi Mana Jireenyaa**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa ittigaafatamummaa irraa ka'an:
  - (a) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e yookiin
  - (b) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukkubaan, miidhama qaamaan yookiin sababa biroo humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e durgoon mana jireenyaa ni kaffalamaaf.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 (a fi b) jalatti tumameen durgoon mana jireenyaa yeroo tokkotti kan kaffalamu ta'ee, ka'umsi kaffaltii mindaa ji'oota sagalii guutuu ta'ee, tajaajila bara hojii tokkoo ol jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif kaffaltii ji'a tokkoo keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kaffaltiin durgoo mana jireenyaa kaffalamu walumaagalatti mindaa ji'oota digdamii afurii caaluu hin qabu.

**27. የሥራ ስንብት ክፍያ**

- 1) ከኃላፊነት ላይ የተነሳ የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት የሥራ ስንብት ክፍያ ይከፈላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው መሠረት የሚከፈለው የሥራ ስንብት ክፍያ ለመጀመሪያው የአንድ አመት አገልግሎት የስድስት (6) ወራት ደመወዝ ሆኖ ከአንድ አመት በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ አመት አገልግሎት ከመጨረሻው የአንድ (1) ወር ደመወዝ ውስጥ ግማሽ እየታከለ ይታሰባል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የሚከፈለው ጠቅላላ የሥራ ስንብት ክፍያ ከስራ ስምንት (18) ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

**28. የመኖሪያ ቤት አበል እና የመኖሪያ ቤት**

- 1) ከኃላፊነት የተነሳ የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት ፡-
  - (ሀ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎት ከኃላፊነት ከተነሳ፤ ወይም
  - (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎት በሀመም፣ በሕክል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የመኖሪያ ቤት አበል ይከፈላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1(ሀ እና ለ)) ሥር በተደነገገው መሠረት የመኖሪያ ቤት አበል በአንድ ጊዜ የሚከፈል ሆኖ፣ የመነሻ ክፍያው የዘጠኝ ወራት ሙሉ ደመወዝ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ አመት አገልግሎት ከአንድ ወር ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይታሰባል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አጠቃላይ የመኖሪያ ቤት አበል ክፍያ ከሃያ አራት ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

**27. Severance Pay**

- 1) The President and Deputy President of Supreme Court released from responsibility shall be paid with severance pay.
- 2) The severance pay payable as per sub article 1 of this article shall be six (6) month's salary for the first one year service and for those above one service year, it shall be calculated by adding half (1/2) of the last month salary for each additional service years;
- 3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the total amount of severance pay to be paid shall not exceed eighteen (18) month's salary.

**28. Housing Allowance and Residential House**

- 1) The President and Deputy President of Supreme Court released from responsibility shall be paid with housing allowance:
  - (a) If he has been released from responsibility up on serving for at least one (1) term of office; or
  - (b) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground caused force majeure up on serving for not less than half of one term of office.
- 2) The housing allowance payable as per the provision under sub article 1 (a and b) of this article shall be paid in a lump-sum; and the initial payment of the nine month's salary shall be full payment; and for the service above one term of office, it shall be calculated by adding half (1/2) of one month salary for each additional service year;
- 3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the total amount of housing allowance payable shall not exceed twenty four month's salary.

4) Waa'een mana jireenyaa Labsii kana Keewwata 17 Keewwata Xiqqaa 6 jalatti kan tumame Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaatiif raawwatiinsa ni qabaata.

**29. Durgoo Konkolaataa**

Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaan Mana Murtii Waliigalaa:

- 1) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e yookiin
- 2) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukkubaan, miidhama qaamaan yookiin saba ba biroo humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e durgoon konkolaataa ni kaffalamaaf.
- 3) Akkaataa keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1 - 2 jalatti tumameen durgoon konkolaataa kaffalamu yeroo tokkotti kan kaffalamu ta'ee, ka'umsii kaffaltii mindaa ji'oota sagalii guutuu ta'ee, bara hojii tokkoo ol jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif kaffaltii ji'a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.
- 4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kaffaltiin durgoo konkolaataa kaffalamu walumaagalatti mindaa ji'oota digdamii afurii caaluu hin qabu.

**30. Tajaajila Yaalaa**

Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa:

- 1) Ofii isaatii fi maatii isaatiif dhaabbata fayyaa mootummaa biyya keessatti yookiin haala jiru ka'umsa gochuun dhaabbata fayyaa dhuunfaatti baasii mootumaatiin tajaajila yaalaa ni argata.
- 2) Ragaa boordii dhaabbata fayyaa irraa kennamuun biyya alaatti baasii mootummaatiin ni yaalama.
- 3) Ofii isaanii fi Abbaa Warraa yookiin Haadha Warraa isaaniif tajaajili yaalaa dhaabbata fayyaa biyya keessatti argamu keessatti kennamuuf sadarkaa tokkoffaa ta'a.

4) ስለ መኖሪያ ቤት በዚህ አዋጅ አንቀጽ 17 ንዑስ አንቀጽ 6 ሥር የተደነገገው ለጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

**29. የተሽከርካሪ አበል**

የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት፡-

- 1) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎት ከኃላፊነት ከተነሳ ወይም
- 2) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎት በህመም፣ በአካል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የተሽከርካሪ አበል ይከፈለዋል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1- 2 ሥር በተደነገገው መሠረት የተሽከርካሪ አበል በአንድ ጊዜ የሚከፈል ሆኖ የመነሻ ክፍያው የዘጠኝ ወራት ሙሉ ደመወዝ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ አመት አገልግሎት ከአንድ ወር ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።
- 4) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ ለተሽከርካሪ አበል የሚከፈለው አጠቃላይ ክፍያ ከሃያ አራት ወራት ደመወዝ መጠለጥ የለበትም።

**30. የህክምና አገልግሎት**

የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት፡-

- 1) ለራሱ እና ለቤተሰቡ በአገር ውስጥ በመንግሥት የጤና ተቋም ወይም ያለውን ሁኔታ መነሻ በማድረግ በግል የጤና ተቋም በመንግሥት ወጪ የህክምና አገልግሎት ያገኛል።
- 2) በህክምና ተቋም በሚሰጥ የህክምና ቦርድ ማስረጃ በውጭ አገር በመንግሥት ወጪ ይታከማል።
- 3) ለራሳቸው እና ለባለቤቶቻቸው በአገር ውስጥ በሚገኝ የህክምና ተቋም ውስጥ የሚሰጠው የህክምና አገልግሎት በአንደኛ ደረጃ ይሆናል።

4) The provision regarding housing provided under sub Article 6 of Article 17 of this Proclamation shall be applicable to the President and Deputy President of Supreme Court.

**29. Vehicle Allowance**

The President and Deputy President of Supreme Court shall be paid with vehicle allowance:

- 1) If he has been released from responsibility up on serving for at least one term of office; or
- 2) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground caused by force majeure up on serving for not less than half of one term of office.
- 3) The vehicle allowance payable as per the provision under sub article 1-2 of this article shall be paid in a lump-sum; and the initial payment of the nine month's salary shall be full payment; and for the service above one term of office, it shall be calculated by adding half (1/2) of one month salary for each additional service year.
- 4) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the total amount of vehicle allowance payable shall not exceed twenty four month's salary.

**30. Medical Benefits**

The President and Deputy President of Supreme Court:

- 1) Shall get medical services for himself and his family at the government health institutions within the country or at the private health institutions based on the existing situation at the expense of the government;
- 2) He may get medical services abroad at the expense of the government based on the evidence provided by the Medical Board of the health institutions;
- 3) The medical service provided for himself and his or her spouse at the health institutions found within the country shall be the first class medical service.



**31. Tajaajila Eegumsa Nageenya Dhuunfaa**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa yeroo ittigaafatamummaa irra turanitti eegumsi nageenya dhuunfaa godhamaafii kan ture yoo ta'e ittigaafatamummaa irraa yoo ka'anis isaanii fi maatii isaaniif eegumsi ni taasifama.
- 2) Gostii fi humni eegumsa taasifamus qaama eegumsa raawwat-uun kan murtaa'u ta'a

**32. Waraqaa Ragaa Tajaajilaa**

- 1) Pirezidaantii fi Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa ittigaafatamummaa irraa ka'e:
  - (a) Bara hojii lamaa yookiin isaa ol kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa tokkoffaatu kennamaaf.
  - (b) Bara hojii tokkoo olii fi bara hojii lamaa gadi tajaajilee yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa lammaffaatu kennamaaf.
  - (c) Bara hojii tokko guutuu kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa sadaffaatu kennamaaf.
  - (d) Walakkaa bara hojii tokkoo olii fi bara hojii tokkoo gadi kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa afraffaatu kennamaaf.
- 2) Waraqaan ragaa tajaajilaa kenamu Afyaa'ii Caffetiin kan mallattaa'u ta'a.
- 3) Abbaa mirgaa waraqaan ragaa tajaajilaa kennameef kamiyyuu:
  - (a) Tajaajila yaalaa dhaabbata fayyaa mootummaa keessatti kennamee dursa ni argata.
  - (b) Walgahiiwwan ummataa irratti iddoon kabajaa ni kennamaaf.
- 4) Abbaa mirgaa waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa tokkooffaa kennameef mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame irratti dabalataan, qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun:

**31. የግል ደህንነት ጥበቃ አገልግሎት**

- 1) የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት በኃላፊነት ላይ በነበሩበት ወቅት የግል ደህንነት ጥበቃ ይደረግላቸው የነበረ ከሆነ ከኃላፊነት ላይ ሲነሱም ለእነሱ እና ለቤተሰቦቻቸው ጥበቃ ይደረግላቸዋል።
- 2) የጥበቃ ኃይሉ ዓይነትና መጠን ጥበቃውን በሚያካሄደው አካል የሚወሰን ይሆናል።

**32. የአገልግሎት የምስክር ወረቀት**

- 1) ከኃላፊነት የተነሳ የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት እና ምክትል ፕሬዚዳንት ፡-
  - (ሀ) ሁለት የሥራ ዘመን ወይም ከዚያ በላይ ያገለገለ ከሆነ አንደኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ እና ከሁለት የሥራ ዘመን በታች ያገለገለ ከሆነ ሁለተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (ሐ) አንድ ሙሉ የሥራ ዘመን ያገለገለ ከሆነ ሶስተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (መ) ከግማሽ የሥራ ዘመን በላይ እና ከአንድ የሥራ ዘመን በታች ያገለገለ ከሆነ አራተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
- 2) የሚሰጠው የአገልግሎት የምስክር ወረቀት በጨፌ አራ-ገባኤ የሚፈረም ይሆናል።
- 3) ማንኛውም የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ባለሙሉነት፡-
  - (ሀ) በመንግሥት የጤና ተቋም ውስጥ የሚሰጠውን የህክምና አገልግሎት ቅድሚያ ያገኛል።
  - (ለ) በህዝባዊ ስብሰባዎች ላይ የክብር ቦታ ይሰጠዋል።
- 4) አንደኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ባለሙሉነት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር ከተደነገጉት ሙሉነት እና ጥቅሞች በተጨማሪ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር፡-

**31. Private Security Protection Service**

- 1) If the President fi Deputy president of Supreme Court has been given with private security services while they are in power, the same security service shall be made to them and their families if they have been released from such responsibility;
- 2) The composition and size of security force shall be determined by the body performing security protection.

**32. Certificate of Service**

- 1) The Supreme Court President and Deputy President released from responsibility shall be provided:
  - (a) First grade certificate of service for those who serve for two or more terms of office;
  - (b) Second grade certificate of service for those who serve for more than one and less than two terms of office;
  - (c) Third grade certificate of service for those who serve for one full term of office;
  - (d) Fourth grade certificate of service for those who serve for more than half of one and less than one term of office.
- 2) The certificate of service to be awarded shall be signed by the Speaker of Caffee.
- 3) Any beneficiary awarded with certificate of service:
  - (a) Shall get priority for the medical services provided in the health institutions of the government;
  - (b) Shall be given a seat of honorable at a place where a public meeting is held.
- 4) The beneficiary issued with first grade certificate of service, in addition to the right and benefits provided under sub article 3 of this article, through collaborating with the concerned body:

- (a) Paaspoortiin Dippilomaatikii akka kennamuuf ni taasifama.
- (b) Buufata xayyaaraatti tajaajila kabaja addaa (V.I.P) akka argatu ni taasifama.
- (c) Xayyaaraan balalii biyya keessatti godhamuun gatiin tikeetii % 50 Mootummaan kan uwwifamu ta'a.
- 5) Abbaa mirgaa waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa lammaaffaa kennameef mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame irratti dabalataan, qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun,
- (a) Paaspoortiin Dippilomaatikii akka kennamuuf ni taasifama.
- (b) Buufata xayyaaraatti tajaajila kabaja addaa (V.I.P) akka argatu ni taasifama.
- (c) Xayyaaran balalii biyya keessatti godhamuun gatiin tikeetii % 25 mootummaan kan uwwifamu ta'a.
- 6) Abbaa mirgaa waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa sadaffaa kennameef mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame irratti dabalataan, qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun:
- (a) Paaspoortiin Dippilomaatikii akka kennamuuf ni taasifama.
- (b) Buufata xayyaaraatti tajaajila kabaja addaa (V.I.P) akka argatu ni taasifama.
- (c) Xayyaaran balalii biyya keessatti godhamuun gatiin tikeetii % 10 mootummaan kan uwwifamu ta'a.
- 7) Abbaa mirgaa waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa afaaffaa kennameef mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 3 jalatti tumame irratti dabalataan, qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun:
- (a) Paaspoortiin Dippilomaatikii akka kennamuuf ni taasifama.
- (b) Buufata xayyaaraatti tajaajila kabaja addaa (V.I.P) akka argatu ni taasifama.

- (ሀ) ዲፕሎማቲክ ፓስፖርት እንዲሰጠው ይደረጋል።
- (ለ) በአውሮፕላን ማረፊያ ልዩ የክብር አገልግሎት (VIP) እንዲያገኝ ይደረጋል።
- (ሐ) በአየር የአገር ውስጥ በረራ ሲያደርግ የአየር ተኬቱ ዋጋ ሃምሳ በመቶ (50%) በመንግሥት የሚሸፈን ይሆናል።
- 5) ሁለተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ባለመብት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር ከተደነገጉት መብት እና ጥቅሞች በተጨማሪ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር፡-
- (ሀ) ዲፕሎማቲክ ፓስፖርት እንዲሰጠው ይደረጋል።
- (ለ) በአውሮፕላን ማረፊያ ልዩ የክብር አገልግሎት (VIP) እንዲያገኝ ይደረጋል።
- (ሐ) በአየር የአገር ውስጥ በረራ ሲያደርግ የአየር ተኬቱ ዋጋ ሃያ አምስት በመቶ (25%) በመንግሥት የሚሸፈን ይሆናል።
- 6) ሶስተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ባለመብት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር ከተደነገጉት መብት እና ጥቅሞች በተጨማሪ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር፡-
- (ሀ) ዲፕሎማቲክ ፓስፖርት እንዲሰጠው ይደረጋል።
- (ለ) በአውሮፕላን ማረፊያ ልዩ የክብር አገልግሎት (VIP) እንዲያገኝ ይደረጋል።
- (ሐ) በአየር የአገር ውስጥ በረራ ሲያደርግ የአየር ተኬቱ ዋጋ አስር በመቶ (10%) በመንግሥት የሚሸፈን ይሆናል።
- 7) አራተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ባለመብት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 3 ሥር ከተደነገጉት መብት እና ጥቅሞች በተጨማሪ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር፡-
- (ሀ) ዲፕሎማቲክ ፓስፖርት እንዲሰጠው ይደረጋል።
- (ለ) በአውሮፕላን ማረፊያ ልዩ የክብር አገልግሎት (VIP) እንዲያገኝ ይደረጋል።

- (a) Shall be provided with diplomatic passport;
- (b) Shall made to get the very important persons services at airports;
- (c) 50% of his Air transport price ticket for domestic flights shall be covered by the government.
- 5) The beneficiary issued with second grade certificate of service, in addition to the right and benefits provided under sub article 3 of this article, through collaborating with the concerned body:
- (a) Shall be provided with diplomatic passport;
- (b) Shall be made to get the very important persons services at Airports;
- (c) 25% of his Air transport price ticket for domestic flights shall be covered by the government.
- 6) The beneficiary issued with third grade certificate of service, in addition to the right and benefits provided under sub article 3 of this article, through collaborating with the concerned body:
- (a) Shall be provided with diplomatic passport;
- (b) Shall be made to get the very important persons services at airports;
- (c) 10% of his air transport price ticket for domestic flights shall be covered by the government.
- 7) The beneficiary issued with fourth grade certificate of service, in addition to the rights and benefits provided under sub article 3 of this article, through collaborating with the concerned body:
- (a) Shall be provided with diplomatic passport;
- (b) Shall be made to get the very important persons services at Airports;

**33. Ramaddii Hojii**

- 1) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa Mana Murtii Waliigalaa ittigaafatamummaa irraa ka'ee hojii abbaa seerummaatti deebi'uuf yoo gaafate yookiin bakka birootti ramadamuuf fedhii kan qabu yoo ta'ee seera jiru irratti hundaa'uun akka ramadamu ni taasifama.
- 2) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaa ramaddiin hojii kennameef mirgaa fi faayidaalee Labsii kaanaan tumaman argachuuf mirgahin qabu.

**34. Mirgaa fi Faayidaalee Abbaa Mirgaa Du'aan Addunyaa Kanarraa Boqate**

- 1) Pirezidaantii yookiin Pirezidaantii Itti Aanaan Mana Murtii Waliigalaa hojiirra osoo jiruu du'aan addunyaa kanarraa yoo boqate:
  - (a) Baasiwwan du'a isaatiin walqabatee bahan uwwisuuf mindaan jjootta sadii (3) maatiif ni kaffalama.
  - (b) Ittigaafatamummaa irraa osoo ka'ee jiraatee durgoon deebisanii dhaabuu, kaffaltiini hojiirraa geggeeffamuu, durgoon mana jireenyaa fi durgoon konkolaataa isaaf kaffalamuu qabu maatii isaatiif ni kaffalama.
- 2) Abbaa mirgaa faayidaalee osoo hin argatin dura addunyaa kanarraa du'aan yoo boqate durgoon deebisanii dhaabuu, kaffaltiini hojiirraa gaggeeffamuu, durgoon mana jireenyaa fi durgoon konkolaataa isaaf kaffalamuu qabu maatii isaatiif ni kaffalama.
- 3) Abbaa mirgaa hojiirra osoo jiruu yookiin ittigaafatamummaa irraa ka'ee addunyaa kanarraa du'aan yoo boqate:
  - (a) Oduun boqannaa isaa fi seenaan jireenya isaa miidiyaa mootumaatiin ni himama.
  - (b) Sirni awaalchaa irratti maarshaandii fi eegumsa kabajaa naanichaatiin ni raawwatama.

**33. የሥራ ምደባ**

- 1) ከኃላፊነት የተነሳ የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት ወደ ዳኝነት ስራ ለመመለስ ከጠየቀ ወይም ሌላ ቦታ ለመመደብ ፍላጎት ያለው ከሆነ ባለው ህግ ላይ በመመሥረት እንዲመደብ ይደረጋል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የስራ ምደባ የተሰጠው ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት በዚህ አዋጅ የተደነገጉትን መብት እና ጥቅሞች ለማግኘት መብት የለውም።

**34. ከዚህ ዓለም ላይ በሞት ስለተለየ ባለመብት መብት እና ጥቅሞች**

- 1) የጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ወይም ምክትል ፕሬዚዳንት በስራ ላይ እያለ ከዚህ ዓለም ላይ በሞት ቢለይ፡-
  - (ሀ) ከሞቱ ጋር ተያይዞ የወጣውን ወጪ ለመሸፈን የሶስት (3) ወራት ደመወዝ ለቤተሰቦቹ ይከፈላል።
  - (ለ) ከኃላፊነት ቢነሳ ኖሮ ሊከፈለው ይገባ የነበረው መልሶ የመቋቋሚያ አበል፣ የስራ ስንብት ክፍያ፣ የመኖሪያ ቤት አበል እና የተሽከርካሪ አበል ለቤተሰቡ ይከፈላል።
- 2) ባለመብቱ ጥቅሞችን ከማግኘቱ በፊት ከዚህ ዓለም በሞት ቢለይ ሊከፈለው ይገባ የነበረው የመቋቋሚያ አበል፣ የሥራ ስንብት ክፍያ፣ የመኖሪያ ቤት አበል እና የተሽከርካሪ አበል ለቤተሰቡ ይከፈላል።
- 3) ባለመብቱ በሥራ ላይ እያለ ወይም ከኃላፊነት ተነስቶ ከዚህ ዓለም በሞት ቢለይ፡-
  - (ሀ) ዜና እረፍቱ እና የህይወት ታሪኩ በመንግሥት ሚዲያ ይነገራል።
  - (ለ) የቀብር ሥነ-ሥርዓቱ የክልሉ ማርሽ ባንድና የክብር ዘብ በተገኘበት ይፈጸማል።

**33. Job Assignment**

- 1) If the Supreme Court President or Deputy President has been released from responsibility and requests to serve as a judge or interested to be assigned at other place, he shall be made to be assigned accordingly on the existing law;
- 2) Without prejudice to the provision under sub article 1 of this article, the Supreme Court President or Deputy President who has been given work assignment shall not have the right to acquire the right and benefits provided under this proclamation.

**34. Right and Benefits of Deceased Beneficiary**

- 1) If the Supreme Court President or Deputy President passed away while he is in office:
  - (a) His three month's salary shall be paid to his family to cover expenses related to his death;
  - (b) If he has been released from responsibility, the maintenance allowance, severance pay, housing allowance and vehicle allowance that has to be paid for him shall be paid to his family.
- 2) If the beneficiary passed away before acquiring the benefits, the maintenance allowance, severance pay, housing allowance and vehicle allowance that has to be paid to him shall be paid his his family;
- 3) If the beneficiary passed away while he is in office or after outgoing from responsibility:
  - (a) The News of his death and his Auto Biography shall be disclosed by the government media;
  - (b) The marsh band and honor guard of the region shall be performed on the funeral ceremony;



- (c) Abbaan Taayitaa Mootummaa ol'aanaan sirna awwaalchaa isaa irratti argamuun sirna abaaboo kaa'uu ni raawwata.
- (d) Sirni awwaalchaa karaa raaw-wachiiftoota awwaalaatiin kan raawwatamu ta'ee baasiin kanaaf oolu mootummaadhaan kan uw-wifamu ta'a.
- 4) Abbaa mirgaa du'aan addunyaa kanarraa yoo boqate akkaataa Labsii kanaatiin mirgi tajaajila yaalaa dhaabbata fayyaa biyya keessaatti maatiin isaa argachuu qaban addaan hin citu.

**Kutaa Xiqqaa Lama**

**Mirgaa fi Faayidaalee Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa**

**35. Mirga Sooramaa Abbootii Seeraa** Ittigaafatamummaa Irraa Ka'anii Abbootiin Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa ittigaafatamummaa irraa ka'an soorama kan argatan bu'uura seera sooramaatiin ta'a.

**36. Durgoo Deebisanii Dhaabuu**

- 1) Abbaan Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa:
  - (a) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e yookiin
  - (b) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukkubaan, miidhama qaamaan yookiin sababa biroo humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e durgoon deebisanii dhaabuu ni kaffalamaaf.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen durgoon deebisanii dhaabuu kaffalamu tajaajila waggaa tokkoo duraatiif mindaa ji'oota jahaa (6) ta'ee, tajaajila kan waggaa tokkoo ol jiruuf tokkoon tokkoon dabalata waggaa itti mindaan ji'a tokkoo (1) inni dhumaa itti dabalamaa ni shallagama.

(ሐ) የክልሉ ከፍተኛ የመንግሥት ባለሥልጣን በቀብር ሥነ-ሥርዓቱ ላይ በመገኘት የአበባ ጉንጉን የማስቀመጥ ሥነ-ሥርዓት ይፈጽማል።

(መ) የቀብር ሥነ-ሥርዓቱ በቀብር አስፈጻሚዎች የሚፈጸም ሆኖ ለዚህ የሚወጣው ወጪ በመንግስት የሚሸፈን ይሆናል።

4) ባለመብቱ ከዚህ ዓለም በሞት ቢለይ በዚህ አዋጅ መሠረት ቤተሰቡ በአገር ውስጥ የጤና ተቋም የሚያገኙት የህክምና አገልግሎት መብት አይቋረጥም።

**ንኡስ ክፍል ሁለት**

**የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻዕኛ እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት መብት እና ጥቅሞች**

**35. ከኃላፊነት የተነሱ ጻዕኛ የጠረታ መብት** ከኃላፊነት የተነሱ የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻዕኛ እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ጠረታ የሚያገኙት በጠረታ ህግ መሠረት ይሆናል።

**36. የመቋቋሚያ አበል**

- 1) የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻዕኛ እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት፡-
  - (ሀ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎ ከኃላፊነት ከተነሳ፤ ወይም
  - (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎ በሀመም፤ በአካል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የመቋቋሚያ አበል ይከፈለዋል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው መሠረት የሚከፈለው የመቋቋሚያ አበል ለመጀመሪያው የአንድ አመት አገልግሎት የስድስት (6) ወራት ደመወዝ ሆኖ ከአንድ አመት በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ አመት አገልግሎት የመጨረሻው የአንድ (1) ወር ደመወዝ እየታከለ ይታሰባል።

(c) Senior government official shall attend the funeral ceremony and lay funeral wreath;

(d) The funeral ceremony shall be conducted by the funeral execution bodies and the expense for this purpose shall be covered by the government.

4) If the beneficiary passed away the right of medical services provided in accordance with this proclamation in the health institutions within the country provided to his family shall not be terminated.

**Sub-Section Two**

**Right and Benefits of Judges of Supreme Court and President of High Court**

**35. Pension Right of Judges Withdrawn from Responsibility** The Supreme Court Judges and High Court President have been released from responsibility shall get pension pursuant to the pension law.

**36. Maintenance Allowance**

- 1) The Supreme Court Judges and High Court President shall be paid with maintenance allowance:
  - (a) If he has been released from responsibility up on serving for at least one (1) term of office; or
  - (b) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground caused force majeure up on serving for not less than half of one term of office.
- 2) The maintenance allowance paid as per sub article 1 of this article shall be six (6) month's salary for the first one year service and for those above one service year, it shall be calculated by adding one (1) last months salary for each additional service years;

3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, durgoon deebisanii dhaabuu kaffalamu walumaagalatti mindaa ji'oota digdamii afurii (24) caaluu hin qabu.

**37. Kaffaltii Hojiirraa Gaggeeffamuu**

1) Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa ittigaafatamummaa irraa ka'eef kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuu ni kaffalama.

2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumameen kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuu yeroo duraatiif tajaajila waggaa tokkoof mindaa ji'oota jahaa (6) ta'ee, tajaajila waggaa tokkoo ol jiruuf tajaajila waggaa tokkootiif mindaa ji'a dhumaa keessaa walakkaa (1/2) n dabalamaa ni shallagama.

3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, kaffaltiin hojiirraa gaggeeffamuu kaffalamu walumaagalatti ji'oota kudha saddeetii (18) caaluu hinqabu.

**38. Durgoo Mana Jireenyaa fi Mana Jireenyaa**

1) Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa:

(a) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e yookiin

(b) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukkubaan, miidhama qaamaan yookiin saba ba biroo humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e durgoon mana jireenyaa ni kaffalamaaf.

2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin durgoon mana jireenyaa yeroo tokkotti kan kaffalamu ta'ee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii ol'aanaaf ka'umsi isaa kaffaltii ji'oota jahaa (6) guutuu ta'ee, kan bara hojii tokkoo ol jiruuf waggaa tokkoof kaffaltii mindaa ji'a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አጠቃላይ የሚከፈለው የመቆሚያ አበል ክፍያ ከዓይነት (24) ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

**37. የሥራ ስንብት ክፍያ**

1) ከኃላፊነት ለተነሳ የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻፍ እና ለከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት የሥራ ስንብት ክፍያ ይከፈለዋል።

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር በተደነገገው መሰረት የሥራ ስንብት ክፍያ የሚከፈለው ለመጀመሪያው የአንድ አመት አገልግሎት የስድስት (6) ወራት ደመወዝ ሆኖ ከአንድ አመት በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ አመት አገልግሎት የመጨረሻው ወር ደመወዝ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።

3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ የሚከፈለው አጠቃላይ የሥራ ስንብት ክፍያ ከአስራ ስምንት (18) ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

**38. የመኖሪያ ቤት አበል እና መኖሪያ ቤት**

1) የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻፍ እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት፡-

(ሀ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎት ከኃላፊነት ከተነሳ፤ ወይም

(ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎት በሀመም፣ በእኩል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የመኖሪያ ቤት አበል ይከፈለዋል።

2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት ለጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻፍ እና ለከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት የመኖሪያ ቤት አበል በአንድ ጊዜ የሚከፈል ሆኖ፣ መሻሻው የስድስት (6) ወራት መብለጥ ክፍያ ሆኖ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት ከአንድ (1) ወር ደመወዝ ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።

3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the total amount of maintenance allowance payable shall not exceed twenty four (24) month's salary.

**37. Severance Pay**

1) Severance pay shall be due for the Supreme Court Judges and High Court President withdrawn from responsibility;

2) The severance pay due as per sub article 1 of this article shall be six (6) month's salary for the first one year service and for those above one service year, it shall be calculated by adding half of one last month's salary for each additional service years;

3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the total amount of severance pay to be made shall not exceed eighteen (18) month's salary.

**38. Housing Allowance and Residential house**

1) The Supreme Court Judges and High Court President shall be paid with housing allowance:

(a) If he has been released from responsibility up on serving for at least one (1) term of office; or

(b) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground caused force majeure up on serving for not less than half of one term of office.

2) The housing allowance due as per sub article 1 of this article shall be paid in a lump-sum; the initial payment for Supreme Court Judges and High Court President shall be six (6) months full salary and for those above one term of office, it shall be calculated by adding half (1/2) of one months salary for each additional service years;

- 3) Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, durgoon mana jireenyaaf kaffalamu walumaagalatti mindaa ji'oota digdamii afurii (24) caaluu hin qabu.
- 4) Waa'een mana jireenyaaf Labsii kana Keewwata 17 Keewwata Xiqqaa 6 jalatti kan tumame Abbootii Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii O'aanaatiif raawwatiinsa ni qabaata.

**39. Durgoo Konkolaataa**

- 1) Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii O'aanaa:
  - (a) Yoo xiqqaate bara hojii tokko tajaajilee ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e yookiin
  - (b) Walakkaa bara hojii tokkoo gadi hin taane tajaajilee dhukkubaan, miidhama qaamaan yookiin sababa biroo humnaa ol ta'een ittigaafatamummaa irraa yoo ka'e durgoon konkolaataa ni kaffalamaaf.
- 2) Akkaataa Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 tiin durgoon konkolaataa kaffalamu yeroo tokkootti kan kaffalamu ta'ee, Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii o'aanaaf ka'umsi isaa kaffaltii ji'oota jahaa (6) guutuu ta'ee, tajaajila bara hojii tokkoo ol jiruuf tajaajila waggaa tokkoof kaffaltii mindaa ji'a tokkoo (1) keessaa walakkaa (1/2)n dabalamaa ni shallagama.
- 3) Keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, durgoon konkolaataa kaffalamu walumaagalatti mindaa ji'oota digdamii afurii (24) caaluu hin qabu.

- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አጠቃላይ ለመኖሪያ ቤት የሚከፈለው አበል ከሃያ አራት (24) ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።
- 4) ስለ መኖሪያ ቤት በዚህ አዋጅ አንቀጽ 17 ንዑስ አንቀጽ 6 ሥር የተደነገገው ለጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻዕኝ እና ለከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ተፈጻሚነት ይኖረዋል።

**39. የተሽከርካሪ አበል**

- 1) የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻዕኝ እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት፡-
  - (ሀ) ቢያንስ አንድ የሥራ ዘመን አገልግሎ ከኃላፊነት ከተነሳ፤ ወይም
  - (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን ግማሽ ያላነሰ አገልግሎ በሀመም፣ በአካል ጉዳት ወይም ከአቅም በላይ በሆነ ሌላ ምክንያት ከኃላፊነት ከተነሳ የተሽከርካሪ አበል ይከፈላል።
- 2) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 መሠረት ለጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻዕኝ እና ለከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት የተሽከርካሪ አበል በአንድ ጊዜ የሚከፈል ሆኖ የመነሻ ክፍያው የስድስት (6) ወራት ሙሉ ክፍያ ሆኖ፤ ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ ላለው ለእያንዳንዱ ተጨማሪ የአንድ ዓመት አገልግሎት ከአንድ (1) ወር ደመወዝ ክፍያ ውስጥ ግማሽ (1/2) እየታከለ ይሰላል።
- 3) በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 2 ሥር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ አጠቃላይ የተሽከርካሪ አበል ክፍያ ከሃያ አራት (24) ወራት ደመወዝ መብለጥ የለበትም።

- 3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the total amount of housing allowance payable shall not exceed twenty four (24) month's salary;
- 4) The provision regarding housing provided under sub article 6 of Article 17 of this Proclamation shall be applicable to the judges of Supreme Court and President of high court.

**39. Vehicle Allowance**

- 1) The Supreme Court Judges and High Court President shall be paid with vehicle allowance:
  - (a) If he has been released from responsibility up on serving for at least one (1) term of office; or
  - (b) If he has been released from responsibility due to sickness, disability or any other ground caused force majeure up on serving for not less than half of one term of office.
- 2) The vehicle allowance due as per sub article 1 of this Article shall be paid in a lump-sum; and the initial payment for Supreme Court Judges and High Court President shall be six (6) month's full salary and for those above one term of office, it shall be calculated by adding half (1/2) of one month's salary for each additional service year;
- 3) Without prejudice to the provision under sub article 2 of this article, the total amount of vehicle allowance payable shall not exceed twenty four (24) month's salary.



**40. Tajaajila Yaalaa**

Abbaan Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa ofii isaa fi maatii isaatiif dhaabbata fayyaa mootummaa keessatti yookiin haalli jiru ilaalamee dhaabbata fayyaa dhuunfaa keessatti baasii mootummaatiin tajaajila yaalaa ni argata.

**41. Waraqaa Ragaa Tajaajilaa**

- 1) Abbaan Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa ittigaafatamummaa irraa ka'e:
  - (a) Bara hojii lamaa yookiin isaa ol kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa tokkoffaatu kennamaaf.
  - (b) Bara hojii tokkoo olii fi bara hojii lamaa gadi tajaajilee yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa lammaffaatu kennamaaf.
  - (c) Bara hojii tokko guutuu kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa sadaffaatu kennamaaf.
  - (d) Walakkaa bara hojii tokkoo olii fi bara hojii tokkoo gadi kan tajaajile yoo ta'e waraqaa ragaa tajaajilaa sadarkaa afraffaatu kennamaaf.
- 2) Waraqaan ragaa tajaajilaa Abbaa Seeraa Mana Murtii Waliigalaa fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa, Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaatiin kan mallattaa'u ta'a.
- 3) Abbaa mirgaa waraqaan ragaa tajaajilaa sadarkaa tokkoffaa kennameef mirgaa fi faayidaalee Keewwata kana Keewwata Xiqqaa 1 jalatti tumame irratti dabalataan, qaama dhimmi isaa ilaallatu waliin mari'achuun:
  - (a) Paaspoortiin Dippilomaatikii akkaa kennamuuf ni taasifama.
  - (b) Buufata xayyaaraatti tajaajila kabaja addaa (V.I.P) akka argatu ni taasifama.
  - (c) Xayyaaran balalii biyya keessatti godhamuun gatiin tikeetii % 25 mootummaan kan uwwifamu ta'a.

**40. የህክምና አገልግሎት**

የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻፍ እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ለራሱ እና ለቤተሰቡ በመንግሥት የጤና ተቋም ውስጥ ወይም ያለው ሁኔታ ታይቶ በግል የጤና ተቋም ውስጥ በመንግሥት ወጪ የህክምና አገልግሎት ያገኛል።

**41. የአገልግሎት የምስክር ወረቀት**

- 1) ከኃላፊነት የተነሳ የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻፍ እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት፡-
  - (ሀ) ሁለት የሥራ ዘመን ወይም ከዚያ በላይ ያገለገለ ከሆነ አንደኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (ለ) ከአንድ የሥራ ዘመን በላይ እና ከሁለት የሥራ ዘመን በታች ያገለገለ ከሆነ ሁለተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (ሐ) አንድ ሙሉ የሥራ ዘመን ያገለገለ ከሆነ ሶስተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
  - (መ) ከግማሽ የሥራ ዘመን በላይ እና ከአንድ የሥራ ዘመን በታች ያገለገለ ከሆነ አራተኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት ይሰጠዋል።
- 2) የጠቅላይ ፍርድ ቤት ጻፍ እና የከፍተኛ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የሚፈረመው በጠቅላይ ፍርድ ቤት ፕሬዚዳንት ይሆናል።
- 3) አንደኛ ደረጃ የአገልግሎት የምስክር ወረቀት የተሰጠው ባለሙያነት በዚህ አንቀጽ ንዑስ አንቀጽ 1 ሥር ከተደነገጉት ሙሉት እና ጥቅሞች በተጨማሪ ጉዳዩ ከሚመለከተው አካል ጋር በመመካከር፡-
